



**Madaallii Ga'umsa Qabiyyee Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa 7^{ffaa} Kan Bara
2014/2022 Qophaa'e: Qulqullina Barnootaa Xiyyeeffachuuun**

Margaa Gammadaa

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa

Kaayyoon qorannoo kanaa ga'umsa qabiyyee kitaaba barnootaa Afaan Oromooo kutaa 7^{ffaa} madaaluudha. Ga'umsa qabiyyee kitaabicha gadi fageenyaan madaaluuf ammoo, ulaagaalee madaallii: Kaayyoo, qabiyyee, mala baruu barsiisuu, mata dureewwan, dandeettiwwan afaanii, fayyadama afaanii (jechootaa, caaslugaa) fi qabiyyee hawaasummaafi aadaa bu'uureffachuun madaalamo. Qurannoo kana galmaan ga'uuf ammoo, saxaxa ibsaatti dhimma ba'ame. Iddateessuu irratti kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaan 7^{ffaa} fi barsiisonni Afaan Oromoo lama mala akkayyootiin filataman. Darbee, odeeffanno dabalaaf barattoota kutaa 7^{ffaa} daree lama keessaa dhiirota kudhaniifi durboonni saddeet waliigala kudha saddeet, mala istiraatifaayidiin hammachiifaman. Ragaalee walitti qabuuf, kitaaba barnootaa Afaan Oromoo sakatta'ameefi afgaaffifi MGX'tti dhimma ba'ame. Ragaan walitti qabame hundinuu mala akkamtaa gargaaramuu ijoo ijotti caccabsuun qaacceffame. Kanarraa ka'uun, argannoon ijoo adda ba'e, qabiyyeen mata-duree, gilgaalonni, gochaaleeniifi dalagaaleen tartibaan sadarkeffamee qophaa'era. Haata'u malee, gilgaalonni dandeettii barreessuu shaakalsisuuf dhiyaatan, salphaarraa gara cimaatti kan saxaxaman miti. Mala baruu barsiisuu ilaachisee waanti adda ba'e, odibsaan barsiisuufi dhuunfaan hojjechuu barattootaa irratti waan xiyyeeffatuuf, mala si'ataan barachuu barattoota hinjajjaeesu. Inni biroon, qabiyyee afoola, duudhaa, seenaafi aadaa Oromoo naannoo hundaaf xiyyeeffannoon hinkennamne. Dhuma irratti, haalli dhiyaannaa kitaabichaa dalgeen walitti dhufee waan dhiyateef rakko hinqabu. Garuu, olee isaa eegee kan hinqophoofne ta'uun adda ba'eera. Waliigalaan, bu'aan qorannoo kanaan argame, sadarkaa kamittuu kitaaba barnootaa Afaan Oromoof qophaa'uufi barnoonni Afaan Oromoo qulqullina qabu barattootaaf akka dhiyaatu yaada gumaacheera. Kanaaf, BBO kitaaba barataa qopheessuun dura qaamolee imaammata baasaniifi barreessitoota kitaaba barnootaa waliin ta'uun fedhii dhimmamtootaa mara sakatta'uun xiyyeeffannaan osoo qopheessanii; darbee, qorannoo habuurrat (pilot) ammoo osoo mirkaneessanii bu'a qabeessummaan isaa nidabala.

Article Information

Article History:

Received: 06-02-2024

Revised: 26-03-2024

Accepted: 15-05-2024

Jechoota Ijoo: Afaan Oromoo, kitaaba barnootaa; madaallii, mul'istuu

*Qorataa Muummee:
Margaa Gammadaa

E-mail:
margaa.gammadaa445@gmail.com

1. Seensa

Kitaabni barnootaa afaanii barattootaaf akka agarsiistuu beekumsaatti ilaalamu (Cunningsworth, 1984); akka madda odeeffannoottis fayyada (Sheldon, 1988, f. 237). Barsiisotaaf ammoo, adeemsa barsiisuu raawwachuuuf haala mijessaa (Jolly'fi Bolitho, 2011). Kanaaf, hayyooni afaanii Richards (2009), Zohrabi, Sabouri, fi Behroozian (2012) barumsa qulqullina qabu kennuuf kitaabni barattootaa haala ifaa ta'eefi qulqullina qabuun dandeettiwwan, caasaalee afaaifi hiika jechootaa barsiisuuf akka mijatutti qophaa'uu akka qabu ibsan. Kun ta'ee, ga'umsa qabeessummaa qabiyyeefi qulqullina qabeessummaa kitaaba barnootaa afaanii safaruuf ammoo, madaallin adda ba'ee dhiyaachuu gaafata (Nation'fi Macalister, 2010; Min'fi Floris, 2017).

Haaluma kanaan, madaallin kitaaba barattootaa kaayyoo, caasaafi yeroo itti gaggeeffamu irratti hundaa'uudhaan garaagarummaa qabaachuu nidanda'a (Cunningsworth, 1984'fi Tomlinson, 2011). Madaallin kitaaba barnootaa adeemsa walitti fufinsa qabu ta'ee, gulantaalee sadii qaba. Isaanis osoo hojiirra hinooliin, yeroo tajaajilarra jiruufi erga itti fayyadamneen booda (McGrath, 2002; Tomlinson, 2011). Gama biraan, madaallin kitaaba barattootaa adeemsifamu kutaalee sadii qaba: madaallii

alaa, madaallii keessoofi madaallii waliigalaa kanneen jedhaman keessa darba (McDonough'fi Shaw, 2003'fi Jusuf, 2018).

Barbaachisummaan madaallii kitaaba baratootaa, kitaabni qophaa'e kaayyoofi galma baruu barsiisuu barbaadame galmaan gahuuf hammam akka ulaagaa guute adda baasuudha (Lodhi,'fi kaan, 2019). Akkasumas, shaakalli kutaa barnootaaf hammam hirmaachisaa, ifaafi bu'a qabeessa akka ta'e gamaggamuufidha (Gutierrez'fi Bermudez, 2014'fi Alsulami, 2021). Gochaaleen raawwii barattootaafi barsiisotaaf dhiyaatan jiraachuufi dhiisuu ilaaluuf oola (Jusuf, 2018). Darbee, dandeettiwwan afanii hunda kan bu'uureffate ta'uu adda baasuudha (Zohrabi'fi kaan, 2012). Barattoota kan giddu-galeeffate ta'uu Li (2021) fi malleen baruu barsiisuu addaa addaatti fayyadamuun hammam akka qophaa'e adda baasuudha (Bin, 2016).

Ulaagaalee hojimaata madaallii kitaaba barnootaa kanarraa ka'uun, madaallii alaa, madaallii keessoofi madaallii waliigalaa McDonough'fi Shaw (2003)fi Mukundan'fi Nimechi (2012) dhiyeessan ka'umsa godhachuun, kitaaba barataa kutaa 7^{ffa}a bara 2014 maxxfame madaalameera. KBAO kutaan 7^{ffa}a erga qophaa'ee, bara 2015/ 2023 irraa eegalee Oromiyaa keessatti ittiin

barsiifamaa jira. Kanarraa ka'uun, qorannoo kanaaf ka'umsa kan ta'e, tokkoffaan rakkolee kitaabni barataa kun qabu irratti komii barsiisonni afaanichaa dhiyeessanidha. Innis qabiyyee kitaabichaan dhiyaate, seenduubee barattootaa naannoo Oromiyaa hundaa kan giddu-galeeffate waan hintaaneef, sirnaan hubachuu akka rakkatan kaasan. Sababiin eerame ammoo, qabiyyeen kitaaba barnootaa kanaan dhiyaate loogaafi aadaa naannoo murtaa'ee qofaa kan hammatame ta'uudha. Kunimmoo, ga'umsa qabiyyee kitaaba barataa kutaa 7^{ffaa} madaalliiin adda baasuun murteessaa ta'uu qorataaf ka'umsa ta'eera.

Kanarraa ka'uun, dhimma qulqullinaafi ga'umsa kitaaba barnootaa afaanii ilaachisee qorattoonni gamaggama ulaagaalee tarreewan mul'istuu madaallitti gargaaramuun waggoota kurnan sadan (1970-2000) darban keessatti (qorannoo akkamtaa, hammanthaifi walmakaan) geggeeffamaa akka ture Mukundan'fi Ahour (2010)'fi Mukundan'fi Nimechi (2012) ibsan bu'uura godhatameera. Haata'u malee, qoranno madaallii kitaaba barnootaa Afaan Oromoo baroota dhiyoo asitti geggeefame qorataan argachuu baatus, kan afaan Ingliziin biyya keessaafi alaa hojjetaman muraasa sakatta'eera.

Biyya keessaa fakkeenyaaaf, Tesfaye G/ Kiristos Demeke (2020), madaallii barbaachisummaa hojiwwan dubbisaa kitaaba barnoota Afaan Ingilizii kutaa 10ffaa kan bara 2003 maxxanfame qoratee ture. Arganno mul'ate, hojiwwan dubbisaa gosa barreeffamaafi gochaalee adda addaa irraa waan qindaa'eef, barumsa dubbisuuf hawwataa ta'uu adda ba'e. Qoranno kun qabiyyee kitaabaa afaan Ingilizii keessa dubbisa madaaluu qofaa irratti waan xiyyeffateef, qabiyyeewan biroo ilaaluu dhabuun qaawwaa qorannoo kanaan ka'umsa ta'edha.

Addisu Sewbihon Getie (2020) qorannoo haala galumsaa Itiyoophiyaan madaallii kitaaba barnootaa afaan Ingilizii kutaa 9ffaa keessatti jechootaafi seerluga irratti hojjeteeture. Argannoona isaas, qabiyyee caaslugaan ala, dandeettiin jechootaa kitaaba barataa afaan Ingilizii kanaan akka hindhiyaanne adda ba'e. Haata'u malee qabiyyeewan dandeettiawan afaanii gurguddoof xiyyeffannoo kennuu dhabuun qaawwaa qorannoo kanaan ilaalameda. Montasser Mohamed Abdelwahab Mahmoud (2013) qorannoo kitaaba barataa afaan Ingilizii madaaleera. Argannoona isaas, barsiisota afaan Ingilizii, qopheessitootaafi madaaltoota meeshaalee afaan Ingilizii akkasumas

qopheessitoota sirna barnootaa kan fayyadu ta'uu argame. Qaawwan isaa ammoo mala madaallifi xiyyeffannoona isaa adda hinbaane.

Qorattooni alaa ammoo, Ahour'fi kaan (2014) mana barnootaa Iran sdarkaa lammaffaa keessatti madaallii kitaaba barnootaa afaan Ingilizii irratti madaallii geggeessaniiru. Qorannoo kanaan ilaalcha barsiisotaa irraa bu'aan mul'ate, ulaagaalee mul'istuu madaallii kitaaba barnootaan adda ba'e, waliigalaatti mijataa kan hintaane ta'uu isaati. Rahimpour'fi Hashemi (2011) galumsa kitaaba barnootaa afaan Ingiliziin kitaaba barnootaa filachuufi madaaluu jedhu irraatti qorannoo hojjetaniiru. Bu'aan qorannoo kanaan argame ammoo, kitaabonni barnootaa afaan Ingilizii dhiyaanna qolaafi kutaalee galumsa qabatamaa tokko tokkoo isaanii ilaalcha keessa galchuun ija barsiisotaatiin fudhatama akka hinqabne agarsiiseera.

Darbee Ghorbani (2011) madaallii bu'aa hammamteessuufi giraafin bakka buusuu kitaaba barnootaa afaan Ingilizii jedhu irratti qorannoo madaallii hojjeteera. Argannoon mul'ate kitaabichi dhubbantaa (%63) qofatu kitaabota barnootaa waliin kan walsimu ta'uu adda ba'e. Ghufron'fi Saleh (2016) madaallii kitaaba barnootaa, akkayaa koorsii barnootaaf barreessu xiyyeffachuu jedhu qorataniiru.

Bu'aan argame, kitaabni barataa mala, amaloota qabiyyeefi faayidaa, qaamolee waliigalaa (gochaawwan, kaayyoofi dalagaawwan), barreeffama barnootaa (qubeessuutii hanga keeyyata barreessuutti), jechoota, caaslugaafi shaakala ijaaruuf mijataa ta'uu adda ba'eera. Walitti qabaatti, madaallii kitaaba barnootaa ilaalchise qorannoo qorattoota olii irraa waanti mul'ate, barnoota afaanii kutaa 7^{ffaa} xiyyeffatee qoranno hojjetame dhibuu qaawwaa qoranno kun xiyyeffatedha.

Yaada seenduubee sakatta'a barruufi qorattootaa kanarra dhaabbachuun, kitaaba barataa AO kutaa 7^{ffaa} bara 2014/2022 qophaa'ee Oromiyaa keessatti baruu barsiisuun ittiin raawwatamaa jiru madaaluudha. Kun kan barbaachiseef, ulaagaa madallii kitaabaatiin sadarkaa kitaaba barnootaa kan guute ta'uu adda baasuu. Akkasumas, kaayyoo baruu barsiisuun kan galmaan ga'u ta'uu isaa mul'istuutti fayyadamuun adda baasuun kallattii fooyya'iinsaaf ciicata kennuudha. Bu'aa qorannoo kanaan argamus barsiisonni AO, hayyoonni afaanii Oromiyaa keessa jiran, saxaxeessitoota, qopheessitootaafi, fooyyessitoota KBAO'fis ciicata nigumaacha. Bu'uura kanaan, KBAO kutaa 7^{ffaa} bara 2014/2022 maxxanfame mul'istuu madallii kitaabaatti

Margaa G.

fayyadamuun sadarkaa kitaaba barnootaa kan guutu ta'uu gamaggamuu, ciminaafi hanqina isaa adda baasuuf gaaffilee bu'uraa qorannoo kanaa akka armaan gadiitti dhiyaatera: Kitaabni kun ija mul'istuu madaallii kitaabaa waliigalaan ulaagaa kitaaba barnootaa guutuu irratti maal fakkaata? Akka kitaaba barnootaatti qabiyyeen kitaabaa kun, ciminaafi hanqina akkamii qaba?

2. Malleeniifi Meeshaalee

Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun ulaagaalee madaalliitti gargaaramuuun kitaaba barnootaa Afaan Oromoo madaaluudha. Kana galmaan ga'uuf ammoo, saxaxa ibsaatti dhimma ba'ameera. Ulaagaaleen mul'istuu madaallii KBAO kutaa 7^{ffaa} dhiyaatan kunis, (bifa waliigala kitaabichaa; kaayyoleefi dhiyaannaalee qabiyyee; mijaa'ummaa mata-dureewwanii; saxaxaafi qindoomina qabiyyee; mala baruu barsiisuu; qaamolee afaanii hiika jechootaafi seerlugootaa; dandeettiwwan afaanii guddisuu; gochaaleefi dalagaalee, galumsa aadaafi hawaasummaa) fayi. Mul'istuuwwan kanaan ragaaleen KBAO kan sakatta'ame ta'ee, mirkanoeffanna ragaa dabalataaf afgaaffifi marii garee xiyyeffannoo (MGX) dhima ba'ame. Akka Masoumi Sooreh'fi Ahour (2020) ibsanitti, kitaaba barnootaa madaaluun kallattii qorannoo keessaa tokko

Jor. Dil. Qor. Amajji-Waxabajji 2024, 2(1):30-51
ta'ee, sadarkaa isaa eegee qophaa'uu, walsimanna, sirnaafi qulquolina qabiyyee gamaggamuuf kan gargaarudha. Kanaaf, Li (2021), qabiyyee kitaaba barnootaa tokko madaaluuf hojimaata mul'istuutti dhimma ba'amuu akka qabu ibse. Hojimaata kana galmaan ga'uuf, tarree mul'istuu barreeffama kitaabaa madaaluuf oolan, kan akkayyootaa (*models*) McGrath (2002); McDonough'fi Shaw (2003)'fi Tomlinson (2011) qopheessan irraa madaqsuun itti dhima ba'ame.

Iddattoofi Iddatteessuu

Madaallii kitaabaa kana gaggeessuufis, mana barumsaa Moodela Yuunivarsiitii Wallaggaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 7^{ffaa}, kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaan 7^{ffaa} fi barsiisonni Afaan Oromoo lama mala akkayyoon filannoona raawwatameera. Ragaalee dabalataaf, barattoota kutaa 7^{ffaa} baay'ina 113 daree lama keessa jiran keessaa barattoota dhiiraa 10fi durboota 8, waliigala 18 mala istiraataan MGX'f filatamaniiru.

Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qoranno kanaaf, ragaalee walitti qabuuf, mul'istuutti fayyadamuun qabiyyee KBAO kutaa 7^{ffaa} bara 2014 qophaa'e sakatta'ameera. Ragaalee sakattaa'ame mirkanoeffachuufis, afgaaffii gamisa caaseffamaa 12 barsiisotaa Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} fi gaafannoo 10

MGX 2 barattoota kutaa 7^{ffaa}, tti dhimma ba'ameera.

Malleen Qaaccessa Ragaalee

Ragaalleen mul'istuu madaalliiitti gargaaramuuun KBAO keessaa sakatta'ame, kan afgaaffii barsiisotaafi marii garee xiyyeffannoo barattoota irraa argame akkaataa walitti dhufeenyaa isaatiin ijoottii qoqqooduun qaaccefamee ibsame. Ragaaleen qorannoo akkamtaatiin funaanamu mala ibsaatiin ijoottii caccabee akka dhiyaatu (Creswell, 2014) agarsiiseera.

3. Argannoowwanii Fi Ibsa

3.1 Mul'istuu Madaallii Alaafi Keessaatiin

Ulaagaa Guutuu Kitaabichaa

Bifa Waliigala Kitaabichaa

Kitaabni barataa kun qolli isaa, pilaastikaan uwifamaa (*water proof*)fi jiidhinaan salphaatti kan hinmiidhamne, qabannaaf salphaa, bifaafi haalli qaama isaa hawwataadha. Suuraaleefi fakkiwwan halluu qolarraa caalaatti miira harkisu. Waraqaan kitaabichi itti qophaa'e, sadarkaa isaa kan eggate waan ta'eef, barreffamoonni akka turan kan taasisudha. Kanaaf, Sheldon (1988) kitaaba barnootaa tokko hawwataa kan taasisuu maxxansi isaa gaarii ta'uun qofa osoo hintaane, dubbistoota kan kakaasu ta'uusaa mirkaneesse. Darbee, Cunningsworth (1995)

kitaabonni barnootaa meeshaalee qaamaan mul'atan yoo ta'an, barreessaan kitaaba koorsii milkaa'aa ta'eef haala qindaa'ina, bifaa, barreffamaafi giraafiksiinis barbaachisoo ta'uun isaanii hubachuu akka qabu akeeka.

Haalli waliigala kitaabichaa haala ifaafi gaarii ta'een kan qophaa'eedha. Jalqabni tokkoo tokkoo jechoota mata-duree, qubee guguddaatiin barreffameera. Kutaaleen dubbisaa, gochaaleefi dalagaalee marti guddina qubee (*font*) idileefi halluu gurraachaa walfakkaataa ta'een kan bareeffamedha. Kanarratti, Ellis (1997) maxxansi barreffamaan guutame yookaan qubee xixiqoon barreffame barattoota kaka'umsa akka dhabsiisu ibseera. Iddoo (*space*) barreffama qubee mata-dureefi shaakalaa, cinaacha, gubbaa, jala, bitaafi mirgaa, bakka jechoota, hima, sararaafi keeyyata gidduu irratti rakkoon hinjiru. Maxxansi gaariin, guddinniifi gosti qubeewwan kitaaba kana keessatti fayyadaman barreffamoonni sirriitti akka dubbifaman kan taasisu akka ta'e (McDonough'fi Shaw, 2003) ibaniiru. Walumaagalatti, kitabichi halluu fayyadamee dhiyaateera. Gama meeshaa qabatamaa ta'uutiinis gaariidha. Qorataan kitaaba kana gadi-fageenyaan kan keessa darbe ta'us, dogoggora bal'aa hinagarre.

Kaayyoleefi Dhiyaannaalee Qabiyyee

Walsimannaan kaayyoowwaniifi qabiyyee kitaaba keessaa irratti, qorataan sakatta’insa taasiseen, walsimataafi hubatamaa ta’uu adda baaseera. Kana ilaachisee, hirmaattonni (barsiisonni Afaan Oromoo) kitaabichi irra caalaan isaa kan walsimu ta’uu mirkaneessaniiru. Haata’u malee, walsimanna kaayyoo gooreefi gooroo qabiyyee kitaabichaa ilaachisee, kaayyoon gooroo adda ba’ee kan hinjirreefi kaayyoo gooree waliin wal make akka dhiyaateeru qorataan habuureera. Fakkeenyaaaf, boqonnaa 1 fuula 1, boqonnaa 2 fuula11, boqonnaa 4 fuula 31, boqonnaa 9 fuula 73 irratti jecha “dinqisiifachuu”, “ajaa’ibsiifchuu...” jedhu akka kaayyoo gooreetti deddeebi’ee dhiyaatee jira. Cunningsworth (1995) dhiyaannaalee akkasii irratti kaayyoon gooroofi gooree sagantaa baruu barsiisuuf qophaa’u keessatti addaan ba’ee dhiyaachuu akka qabu agarsiiseera. Darbee, Nation’fi Macalister (2010)’fi Margaa (2019), barumsa sirrii ta’e galma ga’uuf, kaayyoon walsimuun barbaachisaa akka ta’e mirkaneessaniiru.

Dhiyaannaafi ilaachisee, sakatta’insa qabiyyee KBAO taasifameen bu’aan argame, afaan barnootaa kun haala idileefi al-idilee keessatti akka fayyadaman waan taasisuuf dhiyaanna mijaa’ummaa qabuun akka

dhiyaate adda ba’era. Kana irratti afgaaffii hirmaattotaaf dhiyaateen, kitaabni barataa kun qajeeltoowwan dhiyaannaa guddina dandeettii afaanii irratti hundaa’uun kan qophaa’e ta’us, dhiphina daree irraa kan ka’e, hojiirra oolmaa baruu barsiisuuf garuu kan hinmijanne ta’uu mul’isan. Kana irratti, Ellis (1997, 2011) afaan barsiisuuf kutaan barnoonni itti kennamu mijataa yoo hintaane, barattoonni ciicataafi saaxilamummaa gahaa akka hinarganne mirkanesse. Kana irratti, Richards (2009) hojiwwan kitaabota barnootaa keessatti argaman jijiirama beekumsaa kan gonfachiisuufi akkaataafi tooftaalee adda addaan kan dhiyaatu yoota’e, hawwataafi mijataa akka ta’u bal’inaan ibseera.

Dhiyaanna qabiyyee, gama seen-duubee, sadarkaafi fedhii barattootaan walsimuu irratti, sakatta’insa qabiyyee KBAO’fi yaada hirmaattotaa irraa ragaan walitti qabameera. Argannoon argame, dubbisni dhiyaateeru xiyyeffannoon isaa looga waaltawaatti gargaaramuu osoo hintaane, gara looga Oromiyaa Bahaafi Kibbaatti duufuu qophaa’e. Kana waan ta’eef, seen-duubee barattootaan naannoo Oromiyaa maraa giddugaleessa kan godhate miti. Akkasumas, qabiyyeen dhiyaate fedhiifi dandeettii barattootaan yaada keessa kan hingalchine ta’uu od-himtoonni hunduu ibsaniiru. Darbee,

Margaa G.

dubbisni waa'ee artistootaa, hambaa seenaa, seenaa namoota beekamoofi afoolli dhiyaate, barattooni aadaafi seenaa isaanii akka baratan kan gargaaru ta'ee garuu, fedhii barattootaa waliigalaa kan hawwatu akka hintaane hubatame. Kana irratti, qabiyyeen waa'ee Hacaaluu, Aliifi, Hayile Maariyaam irra keessoo malee bal'inaan akka hindhiyaanne qorataan sakatta'insa qabiyyee kitaabichaa taasiseen yaada hirmaattotaa mirkaneesseera. Dhiyaannaan qabiyyee barnootaa fedhii barattootaa irratti hundaa'uu yoo qophaa'e, kaayyoo koorsii, hojiirra oolmaa dareefi iyyaafanno walitti hidhamiinsa kallattiin akka uumamu taasisa (Juan, 2014). Kana malee, qabiyyeen dhiyaate ofin hojjechuu barattootaa jajjabeessuu ilaachisee ragaan sakatta'insa kitaabaafi yaada hirmaattotaa irraa argame kan gargaaru ta'ee, irra jireessaan garuu qajeelfama barsiisotaa kan afeeru ta'uu adda ba'eera.

Mijaa'ummaa Mata-dureewwanii

Mata-dureewwan filataman ilaachisee sakatta'insa KBAO kutaa 7^{ffaa} keessaa ragaan walitti qabame irratti, mata-dureewwan dhiyaatan barbaachiisofii dhimmoota sadarkaa adda addaa irratti xiyyeffatanidha. Kunimmoo, barattooni baay'een akka yaada maddisiisan gargaara (Zohrabi'fi kaan, 2012).

Yaada namoota biroo irratti akka murtii

Jor. Dil. Qor. Amajji-Waxabajji 2024, 2(1):30-51
kennaniifi gadi-fageenyaan akka yaadan kakaasa (Richards, 2001).

'Akaakuu qabiyyeefi mata-duree' ilaachisee, barnooti afaanii kitaabicha keessaan dhiyaate qabatamaafi dhugaa ta'uu isaa irratti gaaffii barsiisotaafi barattootaaf taasifameen, qabatamaa ta'uu yaada walfakkaataa kennaniiru. Akkasumas, kitaabichi akka dhuunfaattis ta'e akka naannootti barattooni akka barbaadanitti, haalota keessattiifi haala qabatamaa keessatti jirenya jiraatan ittiin ibsachuuf afaanichatti gargaaramuun hammam akka isaan jajjabeessu irratti afgaaffiin dhiyaateera. Kana irratti argannoon mul'ate, mata-dureenis ta'e, qabiyyeen dhiyaate afaan dhalootaa waan ta'eef itti fayyadama afaanichaa irrati rakkoo kan hinqabne ta'uu adda ba'e. Haata'umalee, looga waaltawaa hunda galeessa godhateen waan hinqophoofneef akka barbaadanitti hubachuuf ulfaataa ta'uu ibsaniiru. Kana ilaachisee, Ur (2009)'fi Zohrabi'fi kaan, (2014) qabiyyeen kitaaba barnootaa mata-duree, faayidaa afaanii, gochaalee, dhugummaa, sadarkaa ulfaatinaafi barbaachisummaa, fedhiifi afaanii barattootaa irratti xiyyeffatee yoo dhiyaate ofin hojjechuu barattootaafi kaka'umsa barsiisuu barsiisotaaf filatamaa akka ta'e ibsan.

Saxaxaafi Qindoomba Qabiyyee

Saxaxaafi qindaa'ina qabiyyee ilaalchisee sakatta'insa taasifameen, kitaabicha keessatti mata-dureeniifi qabiyyeewan tartiibaan gabatee keessatti dhiyaateera. Kaayyoon barnootaas haala ifaafi gabaabaa ta'een qindaa'eera. Qaama kitaabichaa keessatti ammoo, barannoowwan dhiyaatan jalatti dalagaalee, dandeettiwwan, seerlugaafi hiika jechootaa duraa duubaan saxaxamaniiru. Qindoomba dandeettiwwan afaanii jalqabaa hanga dhumaatti dubbisuu, dhaggeeffachuu, barreessuufi dubbachuu, waa'ee jechootaafi caaslugni duraa duubaan guddaadhaa gara xiqqaatti qindaa'eera. Kutaaleen qabiyyee kitaabichaas, mata dureewwan kanneen akka aadaa, seenaa namoota beekamoo, bakka beekamaa, hawaasummaa, fayyaafi naannoo murtaa'an irratti haala ifaa ta'een kan dhiyaatan ta'ee, tokkoon tokkoo kutaa boqonnaa caccabee tartiiba mala shaakala, dhiyeessaafi bu'aatiin akka qindaa'e adda ba'eera. Kanarratti, saxaxniifi qindoominni qabiyyee haala mijataan shaakala dhiyeessaafi bu'aarratti hundaa'uun dhiyatuu bu'a qabeessummaa akka qabu (Sheldon, 1988) agarsiifteetti. Akkasumas, Cunningsworth (1995)'fi Merga (2015) qabiyyeen qindoombinaan qophaa'u, mijaa'ummaa kitaabichaa akka mirkaneessu ibsaniiru.

Kana malee, qabiyyeen hammatamee jiru akkaataa haala waliin dubbiin barachuu barattootaa guddisuun danda'amuun akka saxaxame agarsiisa. Kana irratti, Ur (2009) qabiyyeen filatame haal tartiiba qabuun yoo qindaa'e, adeemsi barumsaa bu'aa qabatamaa kan qabuufi barattoonni itti fayyadamuu kan danda'an ta'uu (Juan, 2014) mirkaneessaniiru.

Haata'u malee, mata-dureewaniifi qabiyyeewan tokko tokko waa'ee afaanii, aadaa, seenaafi looga waaltawaa hammatamuu irratti afgaaffii barsiisotaaf dhiyaateen, bifa walfakkaataa ta'een naannoo Oromiyaa hundaa giddu-galeessa kan hintaasifanne garuu, looga Oromiyaa Bahaafi Kibba Bahaa irratti kan xiyyeeffatame ta'uu adda ba'eera. Kunimmoo, fedhiifi kaka'umsa barachuu barattootaafi barsiisuu barsiisotaa irratti akka dhiibbaa qabu (Nunan, 1991'fi Khaniya, 2006, Margaa, 2019) eeraniiru.

Faallaa kanaan, waan sakatta'insa qabiyyee KBAO kutaa 7^{ffaa} irraa habuurame garuu, saxaxniifi qindoominni qabiyyeewan afaanii muraasa irraan kan hafe, hamma ta'e giddu-galeessummaan kan qophaa'edha. Fakkeenyaaaf, dandeettiwwan dhaggeeffachuu barsiisuuf qabxiilee xiyyeeffannoof dursi kennemeera. Dubbachuu barsiisuuf gilgaalonni baay'een dhuunfaan ibsuu kan afeerudha. Dubbisuu barsiisuuf dubbisni adda

addaa dhiyaateera. Barreessuu (akaakuu himootaa, xalayaafi barreffama dheeraa ijaaruu) akka gonfatan, dhiyeessee jira. Akkasumas, qabiyyeewan addaa addaa keessaan afaan barsiisuu akkaataa dalgeefi olee eegee dhiyaachuu isaa irratti, qabiyyeen bal'inaan dhiyaate kan seenaa namoota dhuunfaafi kan dhimma hawaasummaa xiyyeffatu ta'uu agarsiiseera. Qabiyyeedhaafi seera gurmeessuu baratame garuu tartiiba barbaachisaa ta'eefi ramaddiidhaan (Tomlinson, 2011); qabiyyeen caasaa olii gadii ta'een (Litz, 2001'fi Merga, 2015); sababaafi bu'aa (Rahimpour'fi Hashemi, 2011) caasaafi tartiiba barbaachisummaa (Ghufron'fi Saleh, 2016) salphaa gara walxaxaafi tartiiba duraa duubaan (Mukundan'fi Ahour, 2010) kan qophaa'u ta'uun ibsame.

Mala Baruu Barsiisuu

Mala ilaachisee sakatta'insa KBAO kutaa 7^{ffaa} taasifameen saxaxni kitaabicha keessatti mul'atu mala baruu barsiisuu "dhiyaanna of ta'anii waliin dubbachuu" jedhu irratti kan xiyyeffatedha. Kanarraa kan ka'e, gochaaleen kitaaba barataa kana keessatti dhiyaatee jiru, walqunnamtii kan galmaan gahan fakkaatu. Haata'u malee, bu'aan afgaaffii barsiisota kitaabicha barsiisaa jiran waliin taasifame irraa argame, mala baruu

barsiisuu hojiirra oolchuuf kitaabichi akka hanqina qabu eeran. Amalli gaariin kitaaba barnootaa keessaa inni tokko mala baruu barsiisuu hojiirra oolmaaf mijawaa ta'een dhiyaachuun barattoota humneessuudha (Nunan, 1991). Akka ragaa sakatta'insa KBAO'tti kaayyoon kitaabichaa inni guddaan dandeettii walqunnamtii barattootaa guddisuu akka ta'e hubatame. Akkasumas, yaada barsiisonni olitti ibsan deeggaruun, MGX barattoonis gochaalee mala wal-qunnamtii adda addaa irratti hirmaachisuun dandeettiin walqunnamtii isaanii guddisuuf kitaabichi ga'ee akka qabu mirkaneessaniiru. Kunimmoo, malaafi tarsiimoo barattootaaf mijataa ta'e uuma (Graves, 2000'fi Ur, 2009).

Haata'u malee, ragaan MGX argame ammoo, shaakalli gilgaalaaf kennaman irra jireessaan odibsa qofaa irratti haaxiyyeffatan malee, waliin dubbii, gahee taphachuufi falmii geggeessus kan afeeru ta'uu hubatame. Yaada akkasii irratti Graves (2000)'fi Tomlinson (2011) kitaaba barnootaa keessatt gochaalee barachuuf qophaa'u qabu salphaatti kan hubatamu, bu'a qabeessummaa kan qabuufi barattoota kan kakaasu ta'uu akka qabu ibsaniiru. Ur (2009) 'fi Zohrabi'fi kaan (2012) kitaaba barattootaa keessatti malli saxaxamuu qabu, mala baruu barsiisuu garaagaraaf kan mijatu (odibsa, agarsiisa, hojii

garee, marii...), mala barachuu hirmaachisaa kan hojiirra oolchu (hirmaannaan barachuu kan jajjabeessu), fayyadama tekenoloojiin kan gargaaramu akka ta'e ibsaniiru. Haata'u malee, sakatta'insa taasifamen qophiin kitaabichaa haala kanaan kan dhiyyate miti.

Waliigalatti, malli baruu barsiisuu kitaabicha keessaan dhiyaatee jiru haala quubsaa ta'een dhiyaachuu baatuyyuu, hammi dhiyaate ammoo, adeemsa baruu barsiisuu keessatti gahee cimaa akka qabu hubatame. Barsiisota afgaaffiin taasifameef hundinuu yaada kana cimsanii dubbataniiru. Akkuma bu'aa afgaaffii barsiisota Afaan Oromoo waliin taasifameen argame, argannoon qorannoo Tomlinson (2003a) agarsiise, kitaabni kun gartokkoon galma isaa kan milkeessuu dnda'udha.

Qaamolee Afanii: Hiika Jechootaafi

Seerlugoota

Hiika Jechootaa

Qabiyyee hiika jechootaa ilaachisee, sakattaa'iinsa qorataan argannoon mul'ate sadarkaa gadi aanaan kan dhiyaatedha. Kana irratti, afgaaffiin ragaaleen mul'atan, filannoon jechootaa guddina dandeettii jechootaa irratt fedhii barattootaa guutuuf kan qophaa'e osoo hintaane, hiikaafi hariiroo haalaa kan hordofe ta'ee, garuu barattooni jechoota haaraa haala salphaan akka barachuu danda'anitti kan dhiyaatedha. Kana irratti,

Ellis (2011) hiika jechootaa hir'isuun mala jechoota haaraa barachuuf barbaachisaa; Kumaravadielu (2006), tooftaa jechoota barachuuf itti fayyadamnu irra caalaan haala dubbii irratti akka hundaa'u ibse. Faallaa kanaan, yaanni marii gareen dhiyaate, barachuuf jechoonni filataman nannoo Oromiyaa hundaa kan giddu galeeffate osoo hintaane, jechoota loogaa naannoo Oromiyaa Kibbaafi Bahaa irratti kan hundaa'edha. Kunimmoo, salphaatti hubannoo barattootaa gabbisuun ulfaataa akka ta'e (Litz, 2005) ibseera.

Sakatta'insa qorataan qabiyyee KBAO taasiseen, filannoofi sadarkeessuun jechootaa irra caalaa haala salphaafi irra deddeebiin mul'achuu irratti kan hundaa'e miti. Darbee, dalagaaleen jechootaa shaakaluuf dhiyaatan, baay'ina kan hinqabneefi jechoota irratti dandeettii barattootaa cimsuu irratti kan xiyyeffate miti. Fakkeenyaaaf, hiika jechoota hinbeekamne tilmaamu, hiika walfakkaataa barbaaduufi hiika faallaa argachuuf shaakaluun baay'inaan hinjiru. Haata'u malee, Schmitt (2000), hiika jechootaa barsiisuu hiika hariiroo jechoota gidduu jiruufi jechaafi bakka bu'aa jecha sanaa fayidha. Kanaaf, hiika jechootaa barsiisuu ilaachisee Brown (2001), akaakuun hiika jechootaa boqonnaalee kitaaba barnootaa keessatti duraa duubaan

hammatamuun yoo dhiyaate, barattoonni ga'umsa horataa akka deeman ibse. Brown (2001), shaakalli hiika jechootaaf saxaxamu xiyyeeffannaa barbaachisaan kennamee, sadarkaa kutaa qophaa'een walmadaaluun akkaataa hubannoo barattootaa dagaagsuun yoo dhiyaate beekumsa hiika jechoota akka dabalamaa deemu ibse. Waliigalatti ragaalee qorataafi hirmaattota irraa walitti cuumfameen argannoon mul'ate, jechoota barsiisuuf xiyyeeffannoona kennamee xiqqaa ta'uu agarsiisa.

Serlugoota

Dhiyaannaan qabiyyee seerlugaa ilaachisee sakatta'insa qorataan KBAO kutaa 7^{ffaa} irratti taasiseen, qabiyyeen seerlugaa akaakuu gaalee, ciroo, hima dachaa, hennaa darbennaa, hennaa raawwimaafi tasimaa, gochoota darboofi hafoo, jechoota tishoo kennamee irratti hundaa'uun jecha ijaaruu, hima xaxamaa, akaakuu tajaajila himaa irratti akka xiyyeffatu adda ba'eera. Dhiyaannaan seerlugaa kana irratti afgaaffii dhiyaateen barsiissons yaaduma kana kan mirkaneessan ta'ee, hammi dhiyaate itti fayyadama afaanii akka ittiin barsiisan ibsaniiru. Kanarrraa argannoon mul'ate, saxaxniifi qindoominni qabiyyee seerlugaa dhiyaateeru hamma tokko gaariidha. Hanqinni qabiyyee seerlugaa dhiyaatan keessatti mul'ate ammoo, faca'iinsi tishoo

gaalee dursee dhufuu dhabuufi dhaamsagootaaf xiyyeeffannoona kennamee dhibuu isaati. Darbee, akkaataa waliin dubbiin afaan barachuun kan dhiyaate osoo hintaane unkaa irratti xiyyeeffachuu isaati. Ciminni ammoo, dimshaashawaa irraa gara murta'aatti kan deemuufi barsiisa seerlugaa caccabsaa deemuu jajjabeessuun qophaa'uu isaati. Dhiyaannaan qabiyyee seerlugaa ilaachisee Cummingsworth (1995), barattoonni barsiisa caaslugaa haala bu'a qabeessa ta'een yoo baratan, dandeettii dubbii mataa isaaniiuumuufi afaan kaayyoo mataa isaaniitiif itti fayyadaman akka horatan ibseera.

Dhiyaannaan caasliga barsiisuu akkasii kun ammoo, ga'umsaafi dandeettii guddisuuf baay'ee murteessaafi rakkoo furuu kan gonfachiisudha (Juan, 2014). Yaada kana irratti qoranno Tomlinson (2003a) dhiyaate, kitaabni barnootaa sadarkaa cimina seerlugootaafi shaakalaa tartiibaa qabuun yoo dhiyaate, barsiisa caaslugaa irratti barattoonni tarsiimolee garaagaraatiin barachuu keessaan gara of danda'uutti akka deeman taasisa.

Dandeettiwwan Afaanii Guddisuu

Qabiyyee dandeettiwwan afaanii dhiyaate irratti ragaan sakatta'insa KBAO kutaa 7^{ffaa} taasifameefi yaadni afgaaffiifi MGX irraa argame, dandeettiwwan afaanii afran haala walmadaalaa ta'een hinhammatamne;

Margaa G.

dandeettiawan dubbisuufi dhaggeeffachuu xfiiyeeffannoonaan bal'aan kennameera. Haata'u malee, dandeettiawan barreessuufi dubbachuu xfiiyeeffannoonaan kenname ammoo xiqaan ta'uu mul'ateera. Akka saayinsiitti kitaabni barnoota afaaniif dhiyaatu keessatti dandeettiawan afaanii haala walmadaaluun dhiyaachuun baay'ee barbaachisaa akka ta'e hayyooni garaagaraa eeraniiru (McDonough'fi Shaw, 2003;). Kitaaba barnoota afaanii keessatti, wantoonni barbaachisoo ta'an keessaa tokko dandeettiawan afaanii afran jalqaba kaasee haala walmadaaluun uwifamuu akka qabu ibameera (Ur, 2009). Dabalataan, McDonough'fi Shaw (2003) kitaabni barnootaa, kan barattoonni dandeettiawan afaanii afran haala mijaawaafi bu'a qabeessa ta'een akka itti fayyadamuu danda'an kan gargaaru ta'uu akka qabu falmu.

Dhiyaanna shaakala dandeetii dhaggeeffachuu ilaachisee, afgaaffii barsiisotaaf taasifameen argannoonaan mul'ate, 'dhaggeeffadhuutii barreessi', 'dhaggeeffadhuutii filadhuu'fi 'dhaggeeffadhuutii guutiifi kan kana fakkaatan bal'inaan jira. Garuu, meeshaalee dandeetii dhaggeeffachuu barattootaa ittiin mirkaneessan hinjiru. Darbee, kitaabni deeggarsa dabalataa gochaalee hojii barattootaaf qajeelfama kennuuf gargaaru kan hinjirre ta'uu adda ba'eera. Kanarratti, Goh (2010) hojii dhaggeeffachuu keessatti

Jor. Dil. Qor. Amajji-Waxabajji 2024, 2(1):30-51
milkaa'inni barattootaa kan argamu tarsiimoo hubannoo uumuu waliin qofa yoo hammatame ta'uu hubachiise. Hughes (2010) tarsiimoon sirrawaatti gaargaaramnaan fayyadamtoota afaanii gidduutti dandeettiin dubbachuu bu'a qabeessa ta'e guddifamuu akka danda'amu agarsiise.

Dhiyaanna walmadaallii dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuun ilaachisee, sakatta'insa KBAO taasifameen argannoonaan dhiyaateera. Innis kitaabicha keessatti dubbachuu xfiiyeeffannaan kenname xiqaadha. Kan ta'ee, gochoonni dubbachuu dhiyaatanis, barattoonni yaadaafi miira isaanii sirriitti akka dubbatan kan taasisu akka hintaane MGX himaniiru. Kana malee, dandeettiawan walitti fidachuuniifi guddina dandeetii dubbiif xfiiyeeffannoonaan gahaan kan hinkennamne ta'uu ragaalee afgaaffiifi MGX irraa hubatameera. Kanarratti, Litz (2001)'fi Goh (2010) meeshaaleen barnootaa mala qunnamtii irratti hundaa'uun saxaxamuun barbaachisaa ta'uu isaa falman.

Ragaan sakatta'insa KBAO irraa argame inni biroon, gochoonni dubbachuu irra caalaan isaanii kan akka waliin marii irraan kan hafe, fakkeessuu, gahee taphachuufi kan kana fakkaataniif xfiiyeeffannoonaan kenname baay'ee xiqaan ta'uu isaati. Faallaa kanaan, Kumaravadivelu (2006) dhiyaanna kitaaba

Margaa G.

barnoota afanii ga'umsa qabeessi akkaataa barattoota walqunnamtii irratti hirmaachisuun cimsuu qabuun qophaa'edha. Akkasumas, gochaawwan dubbisuu irra caalaa gosoota gaaffii-deebii kanneen gaaffilee salphaa xiixaluu irraa kaasee hanga gaaffilee yaadaafi falmii gaafatanitti daangeffamuun dhiyaatedha.

Dhiyaannaa shaakalaafi gochaalee barreessuu ilaachisee, sakatta'insaafi yaanni hirmaattota irraa argame shaakala keeyyataafi dhiheessii isaa qofaa irratti kan hundaa'edha. Shaakalli keeyyataa barreessuu irratti, boqonnaa hundaa keessatti haalli itti dhiyaate, tartiiba salphaarraa gara walxaxaatti kan deemu ta'uun cimina isaati. Haata'u malee, madaallii kanaan hanqinni guddaan adda ba'e rakkoo dogoggora qubeessuu baratoonni qaban irratti qabiyyeen xiyyeffannoo kennu dhibuudha. Kana malee, argannoon sakatta'insa qabiyyee irraa mul'ate inni biroon, gochaalee akka muuxannoo barreessuu, mudannoo guyya guyyaa barreessuu bal'inaan kan of keessatti hinhammatne ta'uufi hojiiwan barreessuu cimaa ta'an kan hinjirre ta'uu isaati. Kana irratti, Hughes (2010)'fi Tribble (2010) kitaabni barnootaa kan baratoonni muuxannoo gosoota fedhii isaanii wajjin walqabatan akka barreessaniifi dhimma hojii barreessuu tokko xumuruuf barbaachisoo

Jor. Dil. Qor. Amajji-Waxabajji 2024, 2(1):30-51

ta'an irratti shaakalaan fayyadamuu akka danda'an kan mirkaneessuu ta'uu ibsan. Kanatti dabalee, Rahimpour'fi Hashemi (2011), Zohrabi, Sabouri'fi Behroozian (2012) kitaabni barataa gaariin hojii barreessuu barattoota gocha barreeffamaa to'annoo salphaa irraa gara gochaalee bilisaatti suuta suutaan akka saaxilamaa deeman kan taasisudha.

Gochaaleefi Dalagaalee

Dhiyaannaa gochaaleefi dalagaalee ilaachisee sakatta'insa qabiyyee KBAO taasifameen, kitaabichi boqonnaalee 10, fuulawwan 93, barannoolee 63fi gilgaalota shaakalaa 105 akka qabu adda ba'eera. Kanarraa kan hubatamu, gochaaleefi dalagaaleen dhiyaatan bal'aa ta'uu isaaniiti. Kana ilaachisee, Tomlinson (2011) gilgaalonni kitaaba barnootaaf dhiyaatan keessatti gochooniifi dalagaaleen hammataman kanneen ibsa waliin marii kennu jajjabeessan, kanneen walhubanna sirrummaa yaada walirratti hirkachuu gaarii guddisiifi tooftaalee itti gaafatamummaa dhuunfaa barumsa walta'iinsaatif haala mijeessan ta'uu eere. Darbee, Nunan (1991) gochaaleefi dalagaaleen haalaan qophaa'e, kan walqunnamtii miseensota garee barattootaa gidduutti milkaa'ina fidu ta'uu falma. Gama biraatiin, Richards (2001) gochaaleefi

dalagaaleen haalaan dhiyaate, barattoonni miseensota garee isaanii wajjin walitti dhufeenya akka horatan kan taasisu ta'uu agarsiise.

Dhiyaannaan gochaaleefi dalagaalee, haala dandeettii afaanii afraan sadarkaa salphaa irraa gara cimaatti akka dagaagfatumuufi hojiwwan daree keessaa irratti kan hirmaachisu ta'uu adda baasuuf sakatta'iinsi qabiyyee KBAO taasifameera. Argannoon mul'ate, barattoonni bifa walqunnamtiin afaanicha fayyadamaa akka baratan gochuuf xiyyeffannoon kennname bal'aa akka hintaane hubatame. Haata'u malee, Long (1990) faayidaan gochaleefi dalagaalee barnoota dareef qabu qabxilee shan ibseera. Isaanis baay'inni itti fayyadama afaanii barattootaa dabaluu; qulqullina afaan barattoonni itti fayyadaman guddisuu; qajeelfama dhuunfaa jijiiruuf carraa bal'aa kennuu; haala sodaachisaa hintaane kan afaanicha itti fayyadamaniifi barachuuf kaka'umsa guddaa kennuu kan hammatudha. Kana malees, barattoonni hiriyyootaa isaanii waliin walqunnamtiin jiraachuun yaadafi hubannoowwan adda addaa akka horatan taasisa. Akkasumas, odeeffannoo qulqulleessuu, bal'isuu, irra deebi'anii gurmeessuufi irra deebi'anii yaad-rimee uumuu, yaada ibsuu, yaada kennuufi yaada

isaanii mirkaneessuuf carraa kennaaf, (Bruning, Schraw'fi Rooning, 1999).

Galumsa Aadaafi Hawaasummaa

Kitaabni kun gama aadaa, hawaasummaafi afoolaa hammachuu adda baasuu ilaachisee sakatta'iinsi qabiyyee KBAO kutaa 7^{ffaa} taasifameera. Argannoon adda ba'e, bal'inaan kan hammate ta'uu baatus muraasni faffaca'ee akka hammatame hubateera. Fakkeenyaaaf, mata-dureewwan hawwatoo adda addaa kanneen akka iddoowwan aadaafi amantiin walqabatan (Holqa Soof Umar, Ardaa Jilaa Me'ee Bokkoofi aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa daboo), aadaa afoolaan walqabata (geerarsa, hibboo, oduu durii, mammaaksa, weedduu fuudhaafi heerumaa); hawaasummaa irratti (karoora maatii, hojii gamtaa, tola ooltummaa, miidhaa araadaa, biyya jaallachuufi godaansa hawaasaa) yaada keessa galcheera. Cunningsworth (1995)'fi Al-sowat (2012) kitaabonni barnootaa kallattiinis ta'e al-kallattiin gatiwwan hawaasummaafi aadaaf akka xiyyeffannoo kennan kaasan. McDonough'fi Shaw (2003) akka ibsanitti, aadaan yeroo hundumaa barnoota afaanii keessatti qaama hinhalnedha.

Dhimma aadaafi hawaasummaa ilaachisee, aadaa naannoo xiyyeffannoon tilmaama keessa galchuun kan hinoolledha. Argannoon sakatta'insaan mul'ate inni biroon, KBAO kun

mata-dureewwaniifi hojiwwan aadaa dhiheessuun kabajaafi eenyummaa kan barsiisu ta'uu hubatameera. Kana irratti, Khaniya (2006), Labtic'fi Teo (2020) aadaan meeshaa barnootaaf barattoota kakaasuuf gargaaru ta'uu mirkaneesson. Kana irratti, yaadidditoonni afaanii afaaniifi aadaan haala addaan hinbaaneen akka walitti hidhaman eeru (Cheung, 2001, Ur, 2009fi Tomlinson, 2011). Akkasumas, McDonough'fi Shaw (2003), barattoonni kitaabota barnootaa afaan barsiisutti yeroo fayyadaman qaamolee aadaa xiyyeffataman tokko tokkoof saaxilamuun isaanii kan hinoolle ta'uu mul'isaniiru.

Argannoon biroon, KBAO kutaa 7^{ffaa} kun qabiyyee aadaafi hawaasummaa ilaalcha keessa galchee qophaa'uu irratti, odeeffannoon afgaaffifi MGX irraa argame, duudhaafi aadaa Oromoo godinaalee hundaa walqixa kan hindhiyeessine akka ta'e hubatameera. Haata'u malee, qaiyyeen barnoota afaaniif qophaa'u loogii tokko malee, aadaa naannoo hawaasa barnootaa haala walqixa ta'een hammatamuu akka qabu (Cheung, 2001; Labtic'fi Teo, 2020) agarsiisaniiru.

3.2 Ciminaafi Hanqina Qabiyyee Kitaabichaa

Ciminaafi hanqina qabiyyee kitaabicha irratti ragaaleen walitti qabamee qaacceffameera.

Kanarraa kan ka'e, cimina kitaabichaa ilaalchisee ragaalee sakatta'insaafi hirmaattotarraa walitti qabameen argannoon mul'ateera. Kanneenis, qolli kitaabichaa haala bareedaa salphaatti hincinneen kan qophaa'efi uwvisa isaa irratti waan kitaabicha keessatti dhiyaatee jiru ibsamuu isaati. Qabiyyeewan mata-dureewwan, gilgaalonni, gochaaleeniifi dalagaaleen tartiibaan sadarkeeffamee qophaa'eera. Barattoonni kitaabicha qulqullinaan akka qabataniif yoo qabachuu baatan gatiin adabbii akka jiruufi qabxiileen of eegganno 10 kitaaba barattootaa irratti dhiyaateeru hundi cimina isaati. Ciminni biroon, kitaabichi fakkiilee bifaaifi halluu garagaraa qabaachuu, dhuma kitaabichaatti jechibsoon dhiyaachuu, gochaaleeniifi dalagaaleen akkaataa iyyaafanna dhuunfaafi gareef ta'uun dhiyaachuu isaati.

Hanqinni jiru ammoo, baay'inni fuulaa boqonnaalee giddu-galeessaan 8-12 ta'ee, garuu walmadaalaa miti. Darbee, dandeettiwwan afaanii bifaa walmadaalaa ta'een kan hindhiyaanne ta'uu isaa ragaalee sakatta'insa qabiyyee kitaabichaa taasifameefi afgaaffii barsiisotaa irraa argameen mirkanne'eera. Gilgaalonni dandeettii barreessuu shaakalsiisuuf dhiyaatan salphaarraa gara cimaatti kan saxaxaman akka

hinta'iin sakatta'insa qabiyee taasifameen adda ba'eera. Dhiyaannaan saxaxa barreessuu keeyyata qofaa irratti kan xiyyeeffatedha. Kunimmoo, dandeetti barreessuu barattootaa irratti dhiibbaa kan uume miti. Gama mala baruu barsiisutiin saxaxni dhiyaateeru, mala odibsaa barsiisaafi hojii barattoota dhuunfaa irratti kan xiyyeeffatedha. Kunis hirmaannaa si'ataan barachuuf barattootaa waan hinjajjabeessineef haqina kitabichaa isa birooti. Inni kaan, afoola, duudhaa, seenaafi aadaa Oromoo naannoo hundaaf xiyyeeffannoo bal'aa kennuu dhabuun hanqina isaan ijoodha.

4. Goolaba

Qorannoon kun qabiyee KBAO kutaa 7^{ffaa} kitaaba sadarkaa isaa eeggatee qophaa'e ta'uufi dhiisuu isaa madaaluuf ulaagaalee mul'istuu qabxiilee kudhanitti dhimma ba'ameera. Kanneenis, bifa waliigalaa kitaabichaa, kaayyoleefi dhiyaannaalee qabiyee, mijaa'ummaa mata-dureewwanii, saxaxaafi qindoomina, mala baruu barsiisuu, qaamolee afaanii (hiika jechootaafi seerlugootaa), dandeettiiwan afaanii, gochaaleefi dalagaalee, galumsa aadaafi hawaasummaati. Ulaagaaleen mul'istuu madaallii kunneen, kan qorattooni McGrath (2002); McDonough'fi Shaw (2003);

Tomlinson (2011) kitaaba madaaluuf qopheessan irraa kan madaqfamedha.

KBAO kutaa 7^{ffaa} waliigalatti haala qabatamummaa, ifaafi gaarii ta'een kan qophaa'edha. Kaayyoowwaniifi qabiyeeewwan dhiyaatan irra caalaan kan walsimanidha. Qabiyeeen dhiyaate, qajeeltoowwan dhiyaanna guddina dandeettii afaanii irratti hundaa'uun kan qophaa'e ta'us, baruu barsiisuu hojiirra oolchuuf garuu, kan hinmijannedha. Qabiyeeen saxaxame, naannoo Oromiyaa maraa gidugaleessa waan hingodhanneef, gama seendubee, sadarkaafi fedhii barattootaan walsimuu irratti hanqina qaba. Saxaxaafi qindaa'inni qabiyee hammatamee jiru, haala waliin dubbiin barachuu barattootaa guddisuun kan saxaxamedha. Mala baruu barsiisuu ilaachisee, "dhiyaanna of ta'anii waliin dubbachuu" (odibsa qofaa) irratti kan xiyyeefatu ta'ee, shaakalli gilgaalotaaf kennaman, tokko tokkoo kutaa boqonnaa caccabee tartiiba mala shaakala, dhiyeessaafi bu'aatiin kan qindaa'edha.

Qabiyeeen hiika jechootaa shaakalsiisuuf dhiyaatan muraasa. Innu guddina dandeettii jechootaa barattootaa guutuuf kan qophaa'e miti. Filannoofi sadarkaan jechootaas, irra caalaa haala salphaafi irra deddeebiin kan mul'ate miti. Dhiyaannaan qabiyee

Margaa G.

seerlugaas, waliin dubbii keessaan barachuu osoo hintaane, unkaa irratti kan xiyyeefatedha. Darbee, dimshaasha irraa gara murta'aatti kan deemuufi barsiisa seerlugaa caccabsaa deemuu jajjabeessuun kan qophaa'edha. Gama dandeettiwwan afaniitiin xiyyeefannoonaan bal'aan dubbisuufi dhaggeeffachuuuf kennname malee, dandeettiwwan maraa haala walmadaalaa ta'een hinhammatamne. Kitaabni kun qabiyyee gama aadaafi hawaasummaan bal'inaan kan saxaxame kan dhiyaate ta'uu baatus muraasni faffaca'ee dhiyaateera.

Kanarraa ka'uun, agrsiiftuun argannoqoranno kanaa, kitaaba barataa qopheessuun dura qaamoleen imaammata baasaniifi barreessitoonni kitaaba barataa fedhii barattootaafi hawaasaa Oromoo mara sakatta'uu irratti osoo xiyyeefatanii baay'ee gaariidha. Kitaabni barnootaa erga qophaa'ee, barsiisonni fedhii barattootaa wajjin walsimsiisuuf akka barsiisaniif osoo BBO leenjiin deeggaree bu'a qabeessa ta'a. Darbee, qorattoota ilaachisee qorannoonaan kun KBAO kutaa 7^{ffaa} irratti kan daanga'edha. Kanaaf, argannoqoranno kanaa kutaalee biroo (1-6fi 8^{ffaa}) kan agarsiisu miti. Darbee, qorannoonaan kun mala qorannoakkaat qofaan kan ilaalam waan ta'eef argannoqdimshaashaa kan dhiyeesse miti. Kanaaf, mala

Jor. Dil. Qor. Amajji-Waxabajji 2024, 2(1):30-51

hammamtaa dabalatee odeeffannoo waliigalaa walitti qabuun bal'innaan akka yaada dimshaashaa baasan qorannoonaan kun ni afeera.

Galata

Deeggarsa meeshaaleef maallaqaan kan natumse Yuunivarsiitii Wallaggaa; odeeffannoo walitti qabuufi naaf kennuun kan nadeeggaran oggantoota, barsiisotaafi barattoota mana barumsaa Moodela sadarkaa tokkoffaa YW guddaa haagalatooman.

Wabiilee

Addisu Sewbihon Getie, (2020). Evaluating ninth graders' EFL textbook in the Ethiopian EFL context: Vocabulary and grammar in focus. *IJEE (Indonesian Journal of English Education)*, 7 (1), 2020, 1-21, DOI: <http://doi.org/10.15408/ijee.v7i1.15738>

Ahour, T., Towhidiyan, B., and Saeidi, M. (2014). The evaluation of "English textbook 2" taught in Iranian high schools from teachers' perspectives. *English Language Teaching*; Vol. 7(3), 237-256, Published by Canadian Center of Science and Education.

Al-sowat, H. (2012). An evaluation of English language textbook "say it in English" for first year intermediate grade in Saudi Arabia. *Journal of Studies in Curriculum and Supervision*, Vol. 3(2), 330-413

Alsulami, Y.A.K. (2021). "An evaluation of a fourth level English textbook used in secondary schools in Riyadh city,"

- Margaa G. *Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji* 2024, 2(1):30-51
- English Language Teaching*, Vol.14 (2), 68, doi: 10.5539/elt. v14n2p68.
- Bin, O.R.(2016). An evaluation of the second intermediate Saudi English language textbook from the teachers' point of view. *Advances in Language and Literary Studies*, Vol. 7(2), 231-248, URL: <http://dx.doi.org/10.7575/aiac.all.v.7n>. Australia: Australian International Academic Centre.
- Brown, H. D. (2001). *Teaching by principles: An interactive approach to language pedagogy*. (2nd ed.). New York: Addison Wesley Longman, Inc.
- Bruning, R., Schraw, G., & Ronning, R. (1999). Cognitive psychology and instruction. Upper Saddle River, NJ: Prentice Hall.
- Cheung, C.K. (2001). "The use of popular culture as a stimulus to motivate secondary students' English learning in Hong Kong," *English Language Teaching Journal*, Vol. 55(1), 55–61, doi: 10.1093/elt/55.1.55.
- Creswell, J.W. (2014). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approach*. (4thed.). London: Sage Publications, Inc.
- Cunningsworth, A. (1984). *Evaluating and selecting EFL teaching materials*. London: Heinemann Educational Books.
- Cunningsworth, A. (1995). *Choosing your coursebook*. Oxford: Heinemann.
- Ellis, R. (1997). The empirical evaluation of teaching materials. *ELT Journal*, 51(1), 36-42.<http://dx.doi.org/10.1093/elt/51.1.36>
- Ellis, R. (2011). Macro- and micro-evaluations of task-based teaching. In Tomlinson, B. (ed.) (2011). *Materials development in language teaching* (pp. 212–235), Cambridge: Cambridge University Press.
- Ghorbani, M.R. (2011). Quantification and graphic representation of EFL textbook evaluation results. *Theory and Practice in Language Studies*, Vol. 1(5), 511-520, doi:10.4304/tpls.1.5. Academy Publisher Manufactured in Finland.
- Ghufron M. A., and Saleh M. (2016). Designing a model of research paper writing instructional materials for academic writing course: Textbook evaluation. *Journal of Language and Literature*, X (2), 131-122, <http://journal.unnes.ac.id>
- Goh, C. (2010). Listening as process: Learning activities for self-appraisal and self regulation. In N. Harwood (Ed.), *English language teaching materials: Theory and practice* (pp.179-206). New York: Cambridge University Press.
- Graves, K. (2000). *Designing language courses: A guide for teachers*. Boston MA: Heinle and Heinle Publishers.
- Gutierrez Bermudez, J. F. (2014). An exercise in course-book evaluation: Strengths, weaknesses and recommendations regarding new English file: Elementary. *Latin American Journal of Content and*

- Margaa G. *Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji* 2024, 2(1):30-51
Language Integrated Learning, 7(1), 98–111. doi:10.5294/laclil.
- Hughes, R. (2010). Materials to develop the speaking skill. In N. Harwood (Ed.). *English language teaching materials: Theory and practice* (pp. 207-224). Cambridge: Cambridge University Press.
- Jolly, D., and Bolitho, R. (2011). A framework for materials writing, in Tomlinson, B. (ed.). (2nd edition). *Materials development in language teaching* (pp.107-134). Cambridge: Cambridge University Press.
- Juan, L. (2014). Needs analysis: An effective way in business English curriculum design. *Theory and Practice in Language Studies*, Vol. 4(9), 1869-1874, doi:10.4304/tpls.4.9.
- Jusuf, H. (2018). "The models of checklist method in evaluating ELT textbooks," *Al-Lisan*, Vol. 3(2), 17–35, doi: 10.30603/al.v3i2.422.
- Khaniya, T. (2006). Use of authentic materials in EFL classrooms. *Journal of NELTA*, Vol. 11(2), 17-23.
- Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa}, (2014). Finfinnee: BBOfi KBBJ.
- Kumaravadivelu, B. (2006). *Understanding language teaching: From method to post-method*. London: Lawrence Erlbaum Associates.
- Labtic, I. G. C. and Teo, A. (2020). "The presentation of sources of culture in English textbooks in Thai context," *Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji* 2024, 2(1):30-51
English Language Teaching, Vol. 13(5), 15-24, <https://doi.org/10.5539/elt.v13n5p15>.
- Li, X. (2021). "Textbook digitization: A case study of English textbooks in China," *English Language Teaching*, Vol. 14(4), 34-42, doi: 10.5539/elt.v14n4p34.
- Litz, D. (2001). Textbook evaluation and ELT management: A South Korean case study. *Asia EFL Journal*, 16/5. Retrieved on March 10, 2014 from http://asian-efl-journal.com/Litz_thesis.pdf
- Litz, D.R.A. (2005). Textbook evaluation and ELT management: A South Korean case study, thesis. *Asian English Foreign Language Journal*, 1-53. Retrieved on March, 10, 2009 from http://www.asian-elf-journal.com/Litz_thesis.pdf.
- Lodhi, M. A., Farman, H., Ullah, I., Gul, A., Tahira, F., and Saleem, S. (2019) "Evaluation of English textbook of intermediate class from students' perspectives," *English Language Teaching*, Vol. 12(3), 26-36, doi: 10.5539/elt.v12n3p26.
- Long, M.H. (1990). 'Task, group, and task-group interactions' in S. Anivan (ed.). *Language teaching methodology for the Nineties*. SEAMEO: Regional Language Centre.
- Margaa Gammadaa, (2019). Xiinxala adeemsa saxaxa sirna barnootaa afaan oromoo sadarkaa 2ffaa. *Gadaa Journal/Barruulee Gadaa*, Vol. 2(2), 32-47; <https://journals.ju.edu.et>

- Margaa G. *Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji* 2024, 2(1):30-51
- Masoumi Sooreh, E., & Ahour, T. (2020). Internal evaluation of English textbook "Vision 2" from teachers' perspectives. *The Journal of English Language Pedagogy and Practice*, 13(27), 237-256. Doi: 10.30495/JAL.2020.683594
- McDonough, J., and Shaw, C. (2003). *Materials and methods in ELT*. Oxford: Blackwell.
- McGrath, I. (2002). *Materials evaluation and design for language teaching*. Edinburgh: Edinburgh University Press.
- McGrath, I. (2002). *Materials evaluation and design for language teaching*. Edinburgh: Edinburgh University Press.
- Merga Gemedha, (2015). Assessing the role of students and textbook on the problems of writing effective paragraph. *Science, Technology and Arts Research Journal*, 4(2), 272-277, DOI: <http://dx.doi.org/10.4314/star.v4i2.38>
- Min, L. S. and Floris, F. D. (2017). "Comparative evaluation of speaking and writing skills in project level 1 and achievers A1+", (4th Ed.). *Indonesian Journal English Teaching (IJET)*, Vol. 6(1), 26–48, doi: 10.15642/ijet 2.6.1.26-48.
- Montasser Mohamed Abdelwahab Mahmoud, 2013. Developing an English language textbook evaluative checklist. *IOSR Journal of Research & Method in Education (IOSRJRME)* 1(3):55-70, DOI:10.9790/7388-0135570
- Mukundan, J. and, T. Ahour. (2010). A review of textbook evaluation checklists across four decades (1970-2008). in B. Tomlinson, & H. Masuhara. (eds.), *Research for materials development in language learning: Evidence for best practice*. London: Continuum, Pp. 336-352.
- Mukundan, J. and Nimechi, V. (2012). Evaluative criteria of an English language textbook evaluation checklist. *Journal of Language Teaching and Research*, 3(6), 1128-1134. doi:[10.4304/jltr.3.6.1128-1134](https://doi.org/10.4304/jltr.3.6.1128-1134).
- Nation, I.S. P., and Macalister, J. (2010). *Language curriculum design*. New York: Rutledge Taylor and Francis Group.
- Nunan, D. (1989). *Designing task for communicative classroom*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Nunan, David. (1991). *Language teaching methodology: A textbook for teachers*. New Jersey: Prentice Hall.
- Rahimpour, M., and Hashemi, R. (2011). Textbook selectionand evaluation in EFL context. *World Journal of Education*, Vol. 1(2), 62-69, URL: <http://dx.doi.org/10.5430/wje.v1n2p62>
- Richards, J. C. (2001). *Curriculum development in language teaching*. Cambridge: Cambridge University Press. <http://dx.doi.org/10.1017/CBO9780511667220>;
- Richards, J. C., & Renandya, W. A. (2002). *Methodology in language teaching: An anthology of current practice*. Cambridge: Cambridge University Press. <https://doi.org/10.1017/CBO9780511667190>

Richards, J. C., and Renandy, W. A. (2002). *Methodology in language teaching: An anthology of current practice*. Cambridge: Cambridge University Press.
<https://doi.org/10.1017/CBO9780511667190>

Richards, J.C. (2009). *Curriculum development in language teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.

Schmitt, N. (2000). *Vocabulary in language teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.

Sheldon, L.E. (1988). Evaluating ELT textbooks and materials. *English Language Teaching Journal*, 42(4), 237-246; <http://dx.doi.org/10.1093/elt/42.4.237>.

Tesfaye G/Kiristos Demeke, (2020). An evaluation of English for Ethiopian grade 12 students' textbook in cultivating students' paragraph writing skills with particular emphasis on cohesion and coherence: Bantu Preparatory School in Focus. Haramaya Univresity, unpublished MA thesis.

Tomlinson, B. (2003a). Materials evaluation. In B. Tomlinson (Ed.) *Developing materials for language teaching*. London: Continuum.

Tomlinson, B. (2011). *Materials development in language teaching*. (2nd edition). Cambridge, MA: Cambridge University Press.

Tribble, C. (2010). A genre-based approach to developing materials for writing. In Harwood, N. (Ed.), *English language teaching materials: Theory and practice*, (pp. 157-176). Cambridge: Cambridge University Press.

Ur, P. (2009). *A course in language teaching: Practice and theory*. Cambridge: Cambridge University Press.

Zohrabi, M., Sabouri, H., and Behroozian, R. (2012). An assessment of strengths and weaknesses of Iranian first year high school course book using evaluation checklist. *English Language and Literature Studies*, 2(2), 89-99; doi:10.5539/elt.v4n2p213.

Zohrabi, M., Sabouri, H., and Behroozian, R. (2012). An evaluation of merits and demerits of Iranian first year high school English textbook. *English Language Teaching*, 5,(8),14-22 DOI:[10.5539/elt.v5n8p14](https://doi.org/10.5539/elt.v5n8p14).